



Epidural ykn hadoochituu lafee dugdaa booda manatti galuu

Rakkoon cimaan qoricha epidural ykn hadoochituu lafee dugdaa (spinal anaesthetic) irraa dhufu baay'ee xiqqaadha.

Haa ta'u malee, mallattoolee armaan gadii keessaa tokko yoo qabaatte dafii hospitaala qunnami.

Dhukkubbii mataa

Sababoonni dhukkubbiin mataa si mudachuu danda'an hedduudha, garuu dhukkubbiin mataa baay'een boqonnaan, dhangala'aa dhuguun fi qorsa dhukkubbii salphaa kan akka paracetamol fudhachuudhaan ni fooyya'a. Yoo barbaadde narsii ykn deessiftuu kee gaafadhu.

Hospitaala qunnami yoo kan:

- dhukkubbiin mataa kee boqonnaan, bishaan dhuguun ykn qoricha dhukkubbii eega fudhattee boodatti baduu yoo baate
- dhukkubbiin mataa kee yeroo teettu ykn dhaabbattu sitti hammaatu garuu yeroo ciiftu sitti yoo fooyya'e
- mallattoolee biroo kan akka mormi si jabaachuu, jijjiirama dhageettii (gurri si bilbiluu ykn cufuu), rakkoo ijaa (ijji ifa dadhabuu), ho'a qaamaa ykn qorra yoo qabaatte.

Dhukkubbii dugdaa

Dugda kee bakka adeemsi kuni itti raawwatameetti irratti miira lallaafaa ykn dirmammaa'uun waan beekamaadha. Kuni hanga torban tokkoo turuu danda'a garuu sochii idilee kee hojjechuu irraa dhiibbaa qabaachuu hin qabu. Yoo barbaachise qoricha dhukkubbii salphaa obsisiisu gargaaramuu dandeessa.

Qorichoonni lafee dugdaa ykn epidural anesthetic dhukkubbii dugdaa yeroo dheeraaf nama irra turu hin fidu.

Kanneen armaan gadii keessaa tokko yoo hubattan hospitaala qunnamaa:

- dhukkubbiin dugdaa haaraa ykn hammaataa dhufe, fakkeenyaaf, dhukkubbiin lafee dugdaa kee gara oliititti ykn gadi gara hudduu fi miila keetti babal'achuu yoo eegale
- Bakka lilmeen itti diramtee seente diiminni yoo jiraate, dhiita'uu ykn dhangala'aan irraa yoo bahe
- hoo'a qaamaa ykn qorra yoo qabaatte.

Qaama kee gara gadii irra jijjiirmni yoo sitti dhagahame

Dahumsa booda hadooddii naannoo gariitti qabaachuun waanuma jiruudha. Yeroo baayyee kuni kan ta'u daa'imni yeroo ciniinsuu fi da'umsaa narviin gudeeda keessan keessa jiru irratti waan dhiibameef. Dabree dabree qorichi hadoodina ni fida, garuu yeroo baay'ee torban muraasa keessatti bada.

Hospitaala qunnamaa yoo miila keessan yookiin taa'umsa (hudduu) keessan irratti mallattooleen itti fufiinsa qabu ykn haarayni kanneen akka:

- dadhabina
- hadoochuu
- waraansa

Odeeffannoo fi gorsa dabalataaf

Acute Pain Service (Tajaajila Dhukkubbii Cima), The Royal Women's Hospital

Wiixata (Isniina) hanga Jimaataatti ganama sa'aatii 8 hanga galgala sa'aatii 4tti
T: (03) 8345 2389

Yoo namni deebii hin kennine ergaa sagalee nuuf kaayi.

Sa'aatii 4 keessatti bilbila keessan yoo isinii hin deebisin, lakkoofsa sa'aatii boodaa armaan gadii bilbilaatii Registarara (Gosa doktoraati) hojii irra jiru bilbilaan qunnamaa.
T: (03) 8345 2000

Turjumaana si barbaachisa?



Interpreter

Turjumaana yoo barbaadde gaafachuu dandeessa.

Deeggarsa Jeequmsa Maatii (Family Violence Support)

1800 Respect National Helpline (1800 Sarara Gargaarsa Biyyaalessaa Kabaja)

Yoo miidhaan saalaa, jeequmsa maatii ykn doorsifamte gargaarsa argachuu dandeessa.

Guyyaa yookiin halkan sa'aatii kamiyyuu bilbilu ni dandeessa.

1800 737 732 [1800respect.org.au](https://www.1800respect.org.au)